

# Akkamitti salaata?

**Ibsa akkaataa salaataat. Waayee ibaadaa guddoo tanaa ibsuun wajji**

# Akkamitti salaata?

**Ibsa akkaataa salaataat.**
**Waayee ibaadaa guddoo tanaa**
**ibsuun wajji**

مركز أصول
OsoulCenter

ⓒ جمعية الدعوة والإرشاد وتوعية الجاليات بالربوة ، ١٤٤٦ هـ

**مركز أصول**

كيـف أصلـي: شـرح مصـور لكيفيـة الصـلاة مـع وقفـات مـع هـذه الشـعيرة العظيمـة باللغـة الأورومـيـة. / مركـز أصـول - ط ١. .- الريـاض ، ١٤٤٦ هـ

٥٠ ص ؛ ١٤.٨ x ٢١ سم

**رقم الإيداع: ١٤٤٦/١٨٩٧٤**

**ردمك: ٩-٩٠-٨٤٣٨-٦٠٣-٩٧٨**

Osoul Center
www.osoulcenter.com

- Wiirtuchi maxxansa kana kan qopeessee fi bocedha
- Madda isaatti akeekuu fi barreeffamicha irratti jijjiirraa gochuu irraa of eeguu woliin Karaa kamiinuu maxxansa kana maxxansuu fi raabsuuf wiirtuchi carraa kenna.
- Yeroo maxxanfamutti ulaagaaa qulqullinaa isii wiirtuun usuulaa irratti hundaa'u eeggachuun dirqama.




**Maqaa Rabbi mararfataa rahmata godhaa taheetiin (jalqaba)**

# Seensa

Galanni Rabbii gooftaa aalamaatiif haagalu. Nagayaafii rahmanni Rabbi nabi Muhammad irratti haajiraatu. Firaafii saahibban isaarrattis haajiraatu.

Itti aansuudhaan:

Islaamummaan amantii tolinnaati. Namaafii Rabbii isaa jidduu walitti hidha. Namaafii namoota jiddus haala gaariin walitti hidha.

**Hariiroon guddoon** namaafii Rabbi jidduu salaata. Isiin ibaadaa guddoo isii keessatti namni fuula Rabbii dhaabbatu. Akka Rabbiin itti isa ajajetti Rabbiin gabbara. Kabajaafii guddinaan isa faarsa. Jaalala, sodaafii kajeellaan isa kadhata.

**Salaataaf sadarkaalee guddootu jira.** isiin arkaana salaataa lammaffaadha. Eega shahaadaa lameeniitii irra caaltuu hojiiti. Irra guddoo sababaa jannataan seenaniiti.

**Isiin Rabbiin sadarkaa olfuudha.** Isiin diliifii badii namarraa haqa. Isiidhaan qubannoon jannatatti gabrichaaf qophooyti yeroma isitti ganameefii galgale hunda.



**Malaaykan warra salaataarratti rahmatabuufti** Waan inni bakka salaata isaa san tureen. Waan isiifii salaata ittiaantuu jidduu Rabbiin isaaf araarama. Isiin warra isiitiif Adduniyaafii akhirattis ifaadha. Ibaadaalee biraarra sadarkaa guddoon caalti. Kanatti wanni qajeelchu isiin Nabiyyirratti kallatiin Rabbirraa kennamte malee karaa jibriiliinii miti. Dachirratti osoo hintahin samitti gaafa mi'iraajaa nabirratti buufamte.

Rabbiin oltahe nijedhe "kitaabarraa waan sitti beeysifame dubbisi, salaata gadidhaabi, salaanni badiilee fokkattuufii jibbamtuu irraa nama dhoowwiti. Faaruu Rabbiittu waahundarra caaltuudha. Rabbiin waan isin dalaydan nibeeka" ankabuut 45.

Jaabirrirraa odeeffame nabiin s.a.w. nijedhe: fakkiin salaata shanani akka laga bishaan guutuu karra tokkoo keessaniirra yaa'uuti, kan guyyaa hunda yoggu shan isarraa dhiqatuuti" muslimtu gabaase.

# Qabiyyee

| Mataduree | | Lakkoofsa fuulaa |
|---|---|---|
| 1 | Qaamaafii qalbiin salaata keessatti tasgabbaawuu | 9 |
| 2 | Salaatoowwan fardii | 13 |
| 3 | Seera salaataarraa | 15 |
| 4 | Akkamitti salaata? | 17 |
| 5 | Waan salaata balleessu | 32 |
| 6 | Waan salaata keessatti jibbamaa | 33 |
| 7 | Salaata dhukkubsataa | 35 |
| 8 | Salaata kara deemaa | 36 |
| 9 | Waayee salaataa keessatti seera dubartii qofaa | 37 |
| 10 | Gaafiilee madaalli | 40 |


KALE KILIT



# Qalbiifii qaamni tasgabbaawuu salaata keessatti

Khushuu'ini lubbuu salaataati.qalbii bakkajirtuun tan laafteefii tan Rabbi sodaatte tahuudha. Qalbiin waayee salaataa malee waan birootti yaaduu dhabuu. Kanarraa qaamni tasgabbowti.....

Khushu'arraa dantaa dhabuun sawaaba salaataa ir'isa, dilii keessa nama buusuutu mala. Nabiin s.a.w. akki jedhe "gabrichi salaata nisalaata kurneessituu isii malee kan isaa hinkatabamne, sagleessituu isii, saddeessituu isii, turbeessituu isii, jaheessituu isii, shaneessituu isii, afreessituu isii, sadeessituu isii, walakkaa isii". Imaamu ahmad galmeesse.



## Waan khushuu'arratti nama gargaaru keessaa:

1. **Rabbi kadhachuu** akka kushuu'a namaaf kennu.
2. **Qoma qulqulleessuu** waan nama shaagalurraa salaataan duratti.
3. **Urgeeffachuu** uffata salaataan malu bareedaa uffachuu hanga dandayametti.
4. **Wuduu'achuu** manatti yoonamaa laafe, wuduu'as tolchuu.
5. **Afuura fokkatarraa fagaachuu** uffataafii afaanirraa isii deemsisu.
6. **Nyaata dursuu yoo yeroo salaataa dhihaate,** akka salaata keessatti yaanni achi hindeebineef jecha.



7 **Odoo fincaaniifii udaan nama qabee jiruu salaatuu dhabuu,** salaata dura haajaa isaa bahachuu qaba. Akka salaata keessatti kushuu'a isaa duraa hinballeessine.

8 **Gara masjiidaa sodaan ufgadiqabuun deemuu,** osoo salaanni iqaamaa godhamtellee fiiguu dhabuu.

9 **Zikrii beekamteen dhuufuu:** du'aa'ii manarraa bahiinsaa, tan masjiidatti deemsaa, tan masjiida seemsaa.


10 **Raka'aa lameen tahiyyaa masgiidaa salaatuu** yeroo isa seenan. Sunnaa idilee yoo salaatanis sanirraa nigeessi.

11 **Yeroo salaata eeggatan zikrii Rabbii godhuu,** warra salaatuun wajji waayee duniyaa haasawuu dhabuu.



# Salaatoowwan fardii (dirqamaa)

Rabbiin muslimootarratti salaata shan halkaniifii guyyaa keessatti dirqama godhe. Yeroo beekamtuu sharii'an murteessite keessatti taati. Isiin tartiibaan Fajrii, zuhrii, asrii, magriibaafii ishaa'iidha. Hundi isii raka'aa beekamtuu isiiguutan malee hintaane qabdi. Akkasuma hundi isiitii yeroo geessatti geggeefamuu qabdu qabdi. Karaa mallatoo hadiisaan dhufteetiin yeroo isii beekuun dandayama.akkasuma saa'aalee sirrii laallachuuf yookaa azaana muslimtootaarratti hundaayuun yeroo isii beekuun nidandayama.



# Seera salaataarraa:

1. Muslimni badirraa hangafedhellee yoo hojjate salaata dhiisuun hintahu. Namni salaata guututti dhiise muslimaa miti.

2. Akka waliigalaatti dhiironni masjiidatti jamaa'aa salaatan. Salaanni jamaa'aa tan kophaarra sawaaba guddaa qabdi. Salaanni bakka xahaaraa hundatti nitaati. Akka manneenii, karaafii dirreewwanii.

3. Muslimtichi qama ufii uffataan dhooysuu qaba. Salaata xahaaraan seenuu qaba. Wuduu'a barachuu qaba yoo kan hinbeeyne tahe.

4. Namni salaatu imaama yookaa kophaawaa yootahe sutra dahoo ufdura kaayuu qaba. Waan dahu salaata keessatti ufdura kaayuudha.akka namni isa dura dabre isa hinrakkifneef.

Ibsa: (xahaaraan:wuduu'a, xahaaraa qaamaa, xahaaraa bakka irratti salaatuu ufkeessaa qaba).

Ibsa: salaanni fayyaa tahuuf ulaagaalee kanneen qaba: xahaaraa, niyyaa, qiblatti garagaluu, yeroon salaataa gayuu.







# Akkamitti salaata?



**Ibsa akkaataa salaataa kansuuraan deeggarame**

# Salaata raka'aa afurii akkamittii salaa?

**Akkaataa salaata zuhrii asriifii ishaa'ii kan suuraan ibsame.**



**1** **Qiblatti garagaluu:** isii kallattii makkaati. Qama jaarmaya saniitti dirqama garagaluun dirqamaa miti kallatima sanitti garagaluutu gaya.

**2** **Niyyaa:** qalbitti niyyanna osoo afaaniin hindubbannetti. Salaata yeroon isii geese san salaanna jechuu qalbitti niyyanna.

**3** **Takbiiraa hidhannaa:**

A. Harka keenya lameen hanga ceekuutti yookaa gurraatti olkaafna. Keessa shanacha keenyaa qiblatti garagalchina. "Allaahu akbar" jenna. Arrabaan isii dubbachuu qabna.

B. Eega takbiiraatii harka keenya mirgaa bitaa gubbatti qabanna. Harki lameen qomarratti taati. Yookaa handhuuraa ol yookaa handhuuraa gadi taati. Kanarraa kama laafetu taha.

C. Bakka sujuudaa laalla. Ija samitti olhinkaafnu, hinmil'annus.




**Barnoota akkaataa salaataa guutuu, Barkoodii sakatta'uudhaan ilaali.**

**4 Du'aa'ii bantuu salaataa:** du'aa'iiwwan bantuu salaataa keessaa takka qaraana, isirraa: Allaahumma baa'id baynii wabayna khaxaayaaya kamaa baa'adta baynal Mashriqi walmagribi, Allaahumma naqqinii minkhaxaayaaya kamaa yunaqqaassawbul abyadu minaddanas, Allaahummagsilnii minkhaxaayaaya bissalji walmaa'l walbarad".

**5 Maganfannaa:** isiin a'uzu billaahi minashayxaanirrajiim" jechuudha.

**6 Faatihaa qara'uu:** faatihaa addababaafnee suuta tasgabbiin qaraana. Faatihaan du'aa'ii guddoo ufkeessaa qabdi. Tanaaf isiiboodaan aamiin jenna. Isiin yaarabbi nuuqeebali jechuudha. Faatiharraayii miti.

**7 Qur'aanarraa waan laafe qara'uu:** faatihaa booda suuraa guutuu yooka qooda isirraa tahe qaraana.







## 8 Rukuu'a

A Harka hanga ceekuu yookaa gurraatti olfuuna. Allaahu akbar jenna. haala dhaabbatarraa gara rukuu'aa sossoonuun.

B Ganaa jilbarra keenyaquba keenya addabanna. Jilbarratti gadijabeessina akkawaan isii qabnuutti.

C Rukuu'a keenya keessatti nitasgabboofna. Duuyda keenya diriiraa goona. Hingoollessinu. Mataa duuydaan walitti sirraawaa goona. Olhinkaafnu gadis hinbuufnu.

D Harka bobarraa adda fageessina, cina tokkotti jallannee mallaa teenya hinmul'isnu.

E Nijenna "subhaana Rabbiyal aziim" yogguʒinni guutuu xiqqaadha yoofeene nidaballa. Tasbiihni takkalleen nigeessi. Zikriileen adda addaa kan rukuu'a keessatti jedhaman nijiru.





**9** **Rukuu'arraa oljechuu:** mataa keenya rukuu'arraa olfuuna. Harka keenya hanga ceekuu yookaa gurraa olkaasna. Namni kophaa salaatuu yookaa imaamni "sami'allaahu liman hamidahu" jedha.

Eega rukuu'arraa oljennee harka gadi diriirsuufii yookaa qomarratti qabachuu nidandeenya.

**10** **Rukuu'arraa oljechuu:** diriirree dhaabannee "Rabbanaa walakal hamdu" jenna. Rukuu'a booda tasgabbaawuufii dhaabbata dheeressuun gaariidha.



## 11 Sujuuda:

(A) "Allaahu akbar" jechaa lafatti gadi buuna.

(B) Harka lameen jilba dura lafa keenya, yookaa jilba dursina. Kama nuuf laafe goona.

(C) Humna qaamaa 7rratti sujuudna. Isiinis:






- Kanneen tokkollee hinlaaffifnu.

D Qubbeen harkaa gara qiblaatti diriirtuu goona.shanacha qixa ceekuu yookaa gurraa goona. Ciqilee lafarraa olkaafna.

E Ciqilee bobarraa achi banna. Yoo jamaa'aan salaannee nama nucinaa jirutti rakkisnaa sodaanne malee.

F Fiixa qubbeen miilaa gara qiblaatti garagalchina.faana lameen lafatti dhaabna. Gudeeda lameen addabanna. Garaa gudeedarraa olfageessina.

G Yoggu3 subhaana Rabbiyal a'ilaa jenna. Inni guutuuxiqqaadha, yoofeene nidaballa. Tasbiihni takkalleen nigeessi. Tasbiiha dhuferraa gosa hundaa nijen.

H Toltuu adduniyaafii akhiraa irraa waanfeene kadhanna.

12 **sujuudarraa oljechuu:** Allaahu akbar jechaa, sujuudarraa mataa keenya olkaasna. Sujuuda lameen jidduu teenya.



## 13 Teessuma sujuuda lameen jidduu.

A miila mirgaa niciibsina tasgabboofnee irra teenya. tanmirgaa nidhaabna qubbeen isiitiin qiblatti garagalla. Yookaa faana lachuu dhaabnee koomerra teenya.

B Harka keenya kanmirgaa gudeeda mirgaarra kanbitaas gudeeda bitaarra gadi diriirsina. Jila biratti yookaa jilbarratti.

C Rabbigfirlii Rabbigfirlii jenna.



**14 Sujuuda: nijenna** "Allaahu akbar" sujuuda lammaffaatti gadibuuna. Isiin akkaataafii waan keessatti jedhamu keessatti akkuma tanduraati.

**15 Sujuudarraa olka'uu:** Allaahu akbar jenna. Sujuudarra gara dhaabbataatti olka'aa.



## 16 Raka'aa lammaffaa finnaa akkuma raka'aa duraa finnetti.

- Harka qomarra kaayannaa, faatihaa qaraana, surraa yooka aayatoota qaraana.
- Eegasii Allaahu akbar jechaa rukuu'a goona. Subhaana jenna.
- Eegasi rukuu'arraa oljenna sami'allaahu liman hamidahu jenna.
- Eegasii oldiriirree dhaabbannee Rabbanaa walakalhamdu jenna.
- Eegasi Allaahu akbar jechaa sujuuda buuna. Subhaana jenna.
- Eegasii Allaahu akbar jechaa oljenna. Niteenya. Rabbigfirlii jenna.
- Eegasii Allaahu akbar jechaa sujuudnee subhaana jenna.







## 17 Tashahuda duraa

A Allaahu akbar jenna. Sujuudarraa oljenna. Miila afannee teenya akka sujuuda lameen jidduu teenyetti.

B Harka mirgaa sarbaa mirgaarra gadi diriirsinee keenya. Qubbeen hunda gadi qabna quba daymaa malee isiin qiblatti akeekna. Yookaa quba dheeraafii abbagudduu walitti hamarteessina. Quba daymaatiin ni akeekna. Harka bitaa sarbaa bitaarra gadi diriirsina. Yooka jilba bitaa qabannaan.

C Yeroo tashahuda quba daymaati laalla.

D Tashahuda qaraana inni kunoo kana "Attahiyyaatu lillaahi, wassalawaatu, waxxayyibaatu. Assalaamu aleeyka ayyuhannabiyyu warahmatullaahi wabarakaatuhuu. Assalaamu aleynaa wa alaa ibaadillaahissaalihiin. Ashhadu allaa ilaaha illallaahu, wa ash hadu anna muhammadan abduhuu warasuuluhuu".



**18 Tashahudarra olka'uu:** Raka'aa sadeessaa salaatuuf kaanee dhaabbanna. Harka keenya hanga ciqileetti yookaa gurraatti olkaafna "Allaahu akbar jenna". Raka'aa tanas akkuma tan duraa salaannetti salaanna. Garuu faatihaa qofa qaraana.

- Eegasii allaahu akbar jennee rukuu'a goonee subhaana jenna.
- Eegasii rukuu'arraa oljenna sami'allaahu liman hamidah jenna.
- Eega oldiriirree dhaabbanne Rabbanaa walakal hamdu jenna.
- Eegasii Allaahu akbar jechaa sujuudna, subhaana jenna.
- Eegasii Allaahu akbar jechaa olkaanee teenyee Rabbigfirlii jenna.
- Eegasii Allaahu akbar jechaa sujuudnee subhaana jenna.

**19 sujuudarraa olka'uu:** Allaahu akbar jenna. Sujuudarraa gara dhaabbataatti olkaana. Raka'aa afraffaa akkuma tan lammaffaa sanitti raawwanna. Faatihama qofa qaraana.

- Eegasii allaahu akbar jennee rukuu'a goonee subhaana jenna.
- Eegasii rukuu'arraa oljenna sami'allaahu liman hamidah jenna.
- Eegasii oldiriirree dhaabbanne Rabbanaa walakal hamdu jenna.
- Eegasii Allaahu akbar jechaa sujuudna, subhaana jenna.
- Eegasii Allaahu akbar jechaa olkaanee teenyee Rabbigfirlii jenna.
- Eegasii Allaahu akbar jechaa sujuudnee subhaana jenna.

## 20 Tashahuda boodaa

A Allaahu akbar jechaa sujuuda lammaffaarraa oljenna. Tashahudaaf teenya.

B tawarrukatti teenya: taa'aan lafageenyee teenya. Faana mirgaa nidhaabna.akkuma iftiraashaatti. Faana bitaa tanmirgaa jalaan achi baafna.

C Attahiyyaata hanga dhumaatti qaraana, eegasii salawaata ibraahiimiyyaa goona. Inni kunoo kana **"Allaahumma salli alaa muhammadin wa alaa aali muhammadin kamaa sallayta alaa ibraahiima wa alaa aali ibraahiima innaka hamiidun majiid. Allaahumma baarik alaa muhammadin wa alaa aali muhammadin kamaa baarakta alaa ibraahiima wa alaa aali ibraahiima innaka hamiidun majiid".**

Eegasii du'aa'ii dhufterraa waan nuuf laafeen Rabbi kadhanna. San keessaa **"Allaahumma innii a'uuzu bika min azaabi jahannama, wa min azaabilqabri, wamin fitnatilmahyaa walmamaat wamin fitnatil masiihiddajjaal"**.

Toltuu adduniyaafii akhiraa irraa wahuma feeneen kadhanna.





**21** **Salaammatuu:** nijenna **"Assalaamu aleykum warahmatullaah"** fuula keenyaan gama mirgaa mil'annee. Eegasii Ammas **"Assalaamu alaykum wa rahmatullaah"** fuula keenyaan gara bitaa mil'annee. Kanaan salaata keenya xumuurre.

**22** **Sunnarraa namni salaate eega salaammate xiqqo taa'a.** yoggu sadi astagfirullaah jedha. Eegasii zikriiwwan nabirraa s.a.w. dhufaniin Rabbi faarsa.





# Salaata raka'aa lamaatiifii raka'aa sadihii akkamitti salaanna?

A **Yoo salaanni tan raka'aa** lamaa tan akka salaata fajrii taate eega sujjuda lammaffaa raka'aa lammafaarraa ol kaane niteenya. Attahiyyaatu qaraana, hanga aakhira zikriitti. Eegsii salawaata ibraahiimiyyaa finnee eegasii salaamanna

B **yoo salaanni tan raka'aa** sadihii tan akka magriibaa taate, raka'aa sadeessaa sujuuda lammaffaa booda niteenya. Attahiyyaatu qaraana. Hanga dhumaatti. Salawaata ibraahiimiyyaa qaraana. Eegasii salaamanna.

## Yaadachiisota:

1. Teeysoon iftiraashaa (tanmiilarra uftaa'an).attahiyyaata salaata raka'aa lama lamaa keesaatti taati. Akka subhii, jum'ahfii iidaalameenii.Akkasuma salaata raka'aa sadihiifii afurii teessuma duraa keessatti taati.Teessuma sujuuda lameen jidduttis nitaati.

2. Teessoon tawarrukaa (taa'aan lafa gayanii taa'an) tashahuda boodaa kan salaata raka'aa sadihiifii afurii keessatti taati.

3. Namni miilarra uftaa'uu yookaa lafagayee hindandayin gabbina qaamaatiif yookaa milli dhukkubuuf yookaa waan birootiif dadhabe akkuma isaa laafetti taa'a.

# Waan salaata balleessu

1- Ulaagaa salaataa irraa takka ir'isuu osoo dandayuu.

2- ruknii (roga) salaataa tokko ir'isuu beekaa tahus dagatus.

3- beekaa waajibaata salaataa takka dhiisuu.

4- hojii hedduu, haasawuu,deemsa rakkoof malee yaadataa.

5- kofluufii qishqish jechuu.

6- Beekaa nyaachuufii dhuguu



**Dagachuufii irraanfiin salaata keessatti seera muslimni barachuu qabu.**

# Jibbamtoota salaata keessatti

Wantoota salaata keessatti jibbamtuutu jira. Garuu salaata hinballeessitu. Namni salaatu isii hojjachuu hinqabu. san keessaa:

1- Fuulaan mil'achuu

2- Qamarraa waa qaqqabuu, quba walkeessa naquu.

3- Waan salaatarraa isa shaagalutti garagalanii salaatuu.

4- Fincaaniifii udaan ufittidhoowwaa salaatuu.

5- Salaata fardii raka'aa lameenduraa faatihaa qofa qara'uu.

6- Bakka nyaanni qophaayetti salaatuu.

7- Salaata keessatti uffata dachaasuu.

kanbiroollee





# Salaata dhukkubsataa

Salaanni fardii nama muslimaa kanballage kanqalbiin fayyaa irraa hinbuutu. Yoo dubartii haydiifii nifaasii qabdu taate malee.

Muslimtichi yeroo hunda salaata isaa raawwachuu qaba.

Garuu yoo muslimtichi dhukkubsatee salaatuu dadhabe akkam godha?

Rahmata Rabbii irraa ilma namaa dandeeytii isaatii ol hindirqu.namni dhukkubsatee salaataaf dhaabbachuu dadhabe dirqamummaan dhaabbachuu isarra bu'a. taa'eeti salaata. Hojiilee salaataa tahafte hojjata. Sujuudaafii rukuu'a yoo dadhabe ni akeeka. Akeekkii sujuudaa irra gadibuutuu godha. Yoo sujuudaafii rukuu'a keessaa tokko dandaye kandandayu hojjata. Kanhindandeenye ni akeeka.

Yoo taa'ee salaatuu hindandayinfuulaan qiblatti deebi'ee cinaacharratti ciisee salaata. Rukuu'aafii sujuuda ni akeeka.

Yoo cinaacharratti dadhabe garaa addeessee ciisa miila qiblatti deebisee salaata. Yoo dandaye mataa isaa olkaasa. Rukuu'aafii sujuuda ni akeeka.

Yoo akeekkii hindandayin akeekkiin irraa bu'a. qalbimatti rukuu'aafii sujuuda niyyata.

**Seera salaata dhukkubsataa.**

**Dirqama salaataa waan dandayu nihojjata, tandandeenye irraa buuti nidhiisa.**



## Salaata nama karaa deemuu

Laaffisiinsa islaamaarraa nama karaa deemurratti salaata laaffisuudha.sankeessaa salaata raka'aa afurii zuhrii asrii ishaa'ii lamatti deebisuu dandiya.



## Seera dubartii salaata keessatti

**Dubartiin akkuma dhiiraati seera salaataa keessatti. Qabxiilee garii dubartiin itti kophaa taate malee sankeessaa:**

- Dubartii yeroo laguutiifii dayuumsaa salaanni irra hinjiru, hinsalaattu. Yeroo qulqulloofte qadaa hinbaaftu.
- Salaata jumaa›aa dhaquun dubartirratti dirqamaa miti.
- Salaatni jamaa›aa dubartirratti dirqamaa miti.
- Salaata keessatti dubartiin qaama isii hunda dirqama hagooguu qabdi, fuulaafii shanacha lameen malee.

# Xumura:

Rabbiin kadhanna akka nufii obboleeyyaniifii obboleeytiiwwan teenya waffaqu akka ruknii goddootana salaata tana sirritti akka inni nurraa jaalatutti gadi dhaabnu.

Waan jaalalleen isaa ibraahiim isaan kadhateen isa kadhanna. “yaa Rabbi anaafii hortee tiyyas kan salaata gadidhaabnu nugodhi. Yaa Rabbii keenya kadhaa nuuf qeebali”. ibraahiim40

Kuni kana

Rabbiin hundarra beekaadha. Rabbiin nagayaafii rahmataafii barakaa gabricha isaatiifii nabiyyii isaa muhammadirratti haabuusu.





# Gaafiilee madaallii

## 1 Dhugaa yooka soba jedhi

- [ ] Salaanni hariiroo gabrichaafii Rabbii isaa jidduuti. Isii keessatti kabajaafii guddisuudhaan fuula Rabbii dhaabbata.
- [ ] Khushuu'arraa laafuun galata salaataa irrisa.
- [ ] Salaanni Muslima hundarratti dirqama osoo dilaawaa jallataa taheellee.
- [ ] Qibla jechuun karaa kallattii makkaa jechuudha.
- [ ] Salaanni muslimaa niyyaa malee fayyaa nitaati.
- [ ] Faatihaa qara'uun rukniidha. Nama dandayuuf salaanni isii malee fayyaa hintaatu.
- [ ] Nama muslimaa kan ballagge kan sammuun fayyaa salaanni irraa hinbuutu, yoodubartii yeroo heydiitiifii nifaasii taate malee.
- [ ] Nama karaa deemuuf salaata afurii lamatti gabaabsuu qofaatu hayyamama.

- [ ] Jum’aafii jamaa’aan dubartirratti dirqamaa miti.
- [ ] Namni dhaabbachuu dadhabe taa’ee salaatuun nitahaaf.
- [ ] Salaata keessatti fuula keenyaan mil’achuun nitaha.
- [ ] Salaata keessatti haasawuufii nyaachuun nitaha.
- [ ] Namni qibla beekuu yookaa gaafachuu osoo dandayuu gara isii maletti salaate salaanni isaa fayyaadha.
- [ ] Namni sujuudee quba miila isaa hunda lafarraa olfuudhe sujuudni isaa fayyaa miti.

# Gaafiilee madaallii

**2** sujuuda takka raka'aa duraa keessatti irraanfate eegasii raka'aa lammaffaa keessatti yaadate. raka'aan duraa sujuuda tokko qofaan fayyaa nitaatii? Waan irraanfataa taheef.

- [ ] Eeyyeen
- [ ] Lakkii

**3** Deebii sirrii filadhu.

1. Salaanni halkaniifii guyyaa keessatti muslimarratti dirqama taate:

- [ ] Torba
- [ ] Shan
- [ ] Kudhan

2. Uaagaa salaanni ittiin fayyaa taatu keessaa:

- [ ] Xahaaraa
- [ ] Niyyaa
- [ ] Qiblatti garagaluu
- [ ] Hunda waan dabreeti

3. Du'aa'ii rukuu'aa beekamtuu.

- [ ] Subhaana Rabbiyal ailaa
- [ ] Subhaana Rabbiyal aziim
- [ ] Alhamdulillaahi Rabil aalamiin

4. Tashahudarraa eega olkaane maaldalyna?

- [ ] Takbiiraajennee olkaana,faatihaa qaraanee rukuu'a goona.
- [ ] Takbiiraa goonee sujuudna.

5. Osoo fincaaniif udaan qabee jiruu salaate murtiin isaa maali?

- [ ] Jibbamaa
- [ ] Doowwamaa
- [ ] Hayyamamaa

# Gaafiilee madaallii

## 4 iddoo duwwaa kana guuti:

1. Irra caaltuun ibaadaa eega shahaadaa lameeniitii ..............................
   ..........................................................................................................dha.
2. Salaanni magriibaa Raka'aa ........................................................ dha.
   Ammoo salaanni zuhrii raka'aa ................................................ dha.
3. Salaata takbiiraan bannee ............................................... n xumurra.
4. dubartiin salaata keessatti qama isii hunda haguuguu qabdi ..........
   ........................................ fii .................................................... malee.

## 5 Fadhlii salaataarraa sadi dubbadhu?

..........................................................................................................

..........................................................................................................

## 6 Salataa gadidhaabuun yaachiftuu tahurratti raga fidi?

..........................................................................................................

..........................................................................................................

..........................................................................................................

## 7 Attahiyyaatuu boodaa dubbadhu (barreessi)?

..........................................................................................................

..........................................................................................................

..........................................................................................................

8. Sujuuda lameen jidduu du'aa'iin karaa godhame kami?

........................................................................................................

9. Du'aa'iin sujuuda keessatti karaa godhame kami?

........................................................................................................

10. Waa afur tan khushuu'a salaataarratti nama gargaartu dubbadhu?

........................................................................................................

11. Salaanni fardii tan raka'aa afur afurii tami?

........................................................................................................

12. Namni kursirra malee taa'uu hindandeenye isirra taa'ee yoo salaate salaanni isaa fayyaa taatii?

........................................................................................................

13. Tashahuda duraa kan waajibaati beekaa dhiisemurtiin salaata isaa maali?


........................................................................................................

# Salaata

## ibaadaa guddoo

Kuni salaata muslimoonni halkaniif guyyaa keessatti raawwatani. Salaata dirqamaati yoggu shani. Waan dandeettiin isaan keessa jirtuun hindhiisan.isii jecha hirriiba mi'aawaafii shaagala hojii dhiisan. Isiin akka qoma haadhaa tan daaimni yeroo rifate hunda ittidheeysuuti. Isiin eega tawhiida Rabbiitii waan muslimni barachuufii barsiisuu isiitti bololurraayyi. Kitaabee kana keessatti ibsa addabababahaa tahe laafaa akkaataa salaata Takbiiraa hidhannaarraa hanga salaammataatti nama barsiisuutu jira. Ogummaalee isiin walqabattu ibsuun wajji.

Paarkood kanarra haxaawuunakkaataa salaataa viidiyoon daaw'achuu dandeessu.




ربَّنا ولكَ الحمدُ
حمدًا كثيرًا طيِّبًا مُبارَكًا فيه
4:25 / 13:42

Afaan hedduun islaamummaa irraa mariisisi

islaamummaa irraa odeeffannoo dabalataaf

Kuni salaata muslimoonni halkaniif guyyaa keessatti raawwatani. Salaata dirqamaati yoggu shani. Waan dandeettiin isaan keessa jirtuun hindhiisan. isii jecha hirriiba mi'aawaafii shaagala hojii dhiisan. Isiin akka qoma haadhaa tan daaimni yeroo rifate hunda ittidheeysuuti. Isiin eega tawhiida Rabbiitii waan muslimni barachuufii barsiisuu isiitti bololurraayyi. Kitaabee kana keessatti ibsa addababahaa tahe laafaa akkaataa salaata Takbiiraa hidhannaarraa hanga salaammataatti nama barsiisuutu jira. Ogummaalee isiin walqabattu ibsuun wajji. Paarkood kanarra haxaawuunakkaataa salaataa viidiyoon daaw'achuu dandeessu.

osoulcenter

www.osoulcontent.org.sa

9001

Kitaaba kanaa fi kitaabota biroos buufadhaa, karaa suuqii Osool

osoulstore.com

OSOUL STORE